# Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



# Loltuu Yartuu Geediyoon

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.





Du'a Iyyaasuu booda, sabin Israa'eel hundumatuu Waaqayyoof abboomamuu didan jireenyi isaanii Waaqayyoon ala ta'e.


Waaqayyo olla isaanii warra Miidiyaan itti kaasuun mana fi midhaan isaanii akka guban taasise. Isiraa'eloon holqa isaanii gadhiisanii ba'a.
3


Israa'elichi tokko bakka dhokisaa itti qamadii omishu qaba ture. Bakka adda dhokataa muka guddaa jalatti omisha. Warri Miidiyaan bakkicha hin beekan - garuu Waaqayyotu godhe!
Waaqyyo ergaa karaa ergamaa isaa Geediyooniitti erge.
4


Maqaa Waaqa abbootii isaanii duraanii warra balleessaa jiran akka balleessuu isa dhugaa akka dhaabuu Waaqayyo Geediyooniin barbaade. Namooti biyyichaa waan isa jaalachuu baatanis Geediyoon isa Waaqayyo isa abboome raawwate.
5


Cubbamoota Miidiyaan akka lolaniif Geediyoon loltoota Israa'el akka barsiisu Waaqayyo barbaade. Garuu geediyoon in sodaate. Akka Waaqayyo isa waliin jiru beekuuf Mallatoo adda akka Waaqayyo itti agarsiisu gaafate.
6


"Rifeeensa hoolaa oobdii keesa nan kaa'a, lafti hundinuu gogaa ta'e, rifeensicha hoolaa irraa fixeensi yoo bu'eef, saba Israa'eliin harka kootiin akka ati oolchitu nan beeka" jedhe. Giidiyoon borumtaa isaa, "Lafti gogaaa, garuu, rifeensi hoolaa jiidhaa ture."
7


Geediyoon amma illee isaaf hin galle. Waaqayyo lafa irratti fixeensa akka ta'u rifeensi hoolaa akka gogu akka taasisu barbaade. Gaafa guyya itti aanu – ganama lafti fixeensa'e, RIFEENSI HOOLAA GOGE.
8

Geediyoon loltoota isaa kuma 32 waliin eegale. Namoota dhibba sadiitti qoode. Waaqayyo bakka sana akka turu hin barbaanne "Harkuma kootu ana fayyise." Waaqayyo qofaasaa fayyisaa Israa'eli.




9

Geediyoonitti Waaqayyo bakka warri Miidiyan jiran yeroo dhokisaan himetti sodaate ture, namin tokko hiriyaa isaatti abjuu in hima ture; innis kunoo bixxilleen garbuu tokko konkolaachaa gara buufata warra Miidiyaanitti gad in dhefe, innis dunkaana tokkotti bu'ee, buqqisee in garagalche.



10

Eegaan inni biraan hinsodachuun jeeqame, "Kun……billaa Gediyooni……," jechuun iyye. Geediyoon yeroo abjichaa fi hiika isaa yeroo dhaga'u akka Waaqayo mo'icha isaaf laatu bare.



11

Geediyoo halkan keessa lola banuuf karoorse. Tokkoon tokkoon loltuutti fiingee fi huuroo duwwaa guca of keessaa qabu laateef. Loltoota warra Miidiyaan marsa.



12

Gochaa Geediyoon hordofuudhaan loltooti isaa fiingee afuufan, sagalee maaliitu dhaga'amaa! Waanti burjaajessaan kun maali! Miidiyaaanoti sodaachuun ka'anii baqatan .



13

Mo'icha guddaa kana booda, namin Israa'el Geediyoon akka geggeessaa isaanii ta'uuf gaafate. "Ani isin hin geggeessu … Waaqayyotu isin geggessa" jechuun Geediyoon deebiseef. Jireenya saba geggeessuuf mirga kan qabu Waaqayyoon akka ta'e bare.



14

Loltuu Yartuu Geediyoon

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Abbootii Firdii 6-8

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130






15 60



Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16